Mirgoota Bu'uraa Kenna Tajaajila Kunuunsa Manatti Kennamuu Jiraattota Bulchiinsa Minsootaa Deeggarsaan Jiraataniif Kennitoota Tajaajila Mana-Manatti Kennamuun Eeyyama Qaban Qofaaf

SEERA ITTIIN BULMAATAA BULCHIINSA MINEESOOTAA, KUTAA 144A.44 FI 144A.441 MIRGOONNI KUNNEEN, AKKAATAA KEEWWATA 144G IRRATTI IFTOOMEEN, KAN ILAALLATANII FI DEEGGARAN FAYYADAMTOOTA TAJAAJILA KUNUUNSA MANATTI KENNAMU, QAAMOTA KUNUUNSA JIRAATTOTA DEEGGARSAAN JIRAATANIIF MANATTI KENNUUF EEYYAMA QABANII DHA.

Ibsa Mirgootaa

Namni tajaajiloota kunuunsa mana keessaa argatu mirgoota kanneen kana qaba:

1. Tajaajiloota argachuudhan dura waa'ee mirgootaa irratti odeeffannoo barreeffame argachuudhaf mirgich, maal akka godhan yoo mirgoonni caban dabalatee.

2. Mirgi kunuunsa fi tajaajiloota fudhachuu haala saganta miija'aa fi ammayyaatti, kunuunsa fayyaa, sadarkaawwan waldhaansaa ykn kunuunsaa fudhatama qabu jalatti, sagantichaa fi tajaajiloota guddisuu, jijjiiruu, fi gamaggamuu keessatti qooda cimaa fudhachuu.

3. Tajaajiloota fudhachuudhan dura mirgi himamu gosaa fi naamuusa hojjataa kan tajaajilicha kennu, deddeebitii daawwannaawwan kennamuudhaf yaadamanii, filannoowwan biraa kan fedhiiwwan kunuunsa mana keessaa guutudhaaf jiran, fi tajaajiloota kanneen kana diduudhaf gatiiwwan ta'an.

4. Sagantaa tajaajilaa keessatti kennichaan jijjiirrawwan gorfaman kamiyyuu duraan dursee mirga himamuu fi sagantaa tajaajilichatti waa'ee jijjiirraawwanitiif murteewwan kamiyyuu keessatti qooda cimaa fudhachuu; fi saganteessun otoo jijjiirran kamiyyuu hin godhaminiin duradha.

5. Mirga tajaajiloota ykn waldhaansa diduu.

6. Tajaajiloota fudhachuudhan dura ykn yeroo daawwannaa calqabaa, mirga beeku daangaawwan kamiyyuu karaa kennaa kunuunsa mana keessatiin tajaajiloota jirani.

7. Mirga himamuu, fi lachuu jechaan fi barreeffamaan, gorfamuu, tajaajilootaf dhiyeessan maal akka kaffalchiisu otoo yaada hin dhiyeessin dura; yoo beekame, hanga kaffaltiin inshuraansii fayyaa, sagantaawwan haawaasaa, ykn maddawwan biraa irraa eegamutti; fi kaffaluudhaf maammilich kaffalittiiwwan maalif ittigaafatamaa ta'a.

8. Haawaasicha keessatti tajaajiloonni biraa jiraachuu isaani, tajaajiloota kunuunsa mana keessaa biraa fi kennoota, fi waa'ee tajaajiloota kanneen kanaaf odeeffannoo eessaa akka barbaadamu dabalatee mirga beekuu.

9. Daangaawwan inshuuraansii fayyaa, inshuuraansii kunuunsa yeroo dheeraa, gargaarsa fayyaa, ykn sagantawwan fayyaa biraa keessatti kennitoota jiran keessaa bilisaan filachuudha fi idda tajaajiloonni jalqabanii booda kennitoota jijjiiruf mirga.

10. Odeeffannoon dhuunfaa, maallaqaa, fi fayyaa iccitiidhan akka eegamu, fi odeeffannoon akkanaa akka ibsamu ilaalchisee imaammatawwan fi adeemsawwan kennaa beekuf mirga.

11. Haala kutaawwan 144.291 hanga 144.298tin galmeewwan sana keessaa galmeewwan mataa maammilichaa fi odeeffannoo barreeffaman mirga argachuu.

12. Namoota sirriitti leenjifamanii fi hojiiwwan isaanii raawwachuudhaf ga'umsa qabaniin tajaajilamuudhaf mirga.

13. Amala gaarii fi kabajaan keessummeeffamuu, fi qabeenya maammilichaa kabajaan eeguf mirga.

14. Haala Vulnerable Adults Act and the Maltreatment of Minors Actii jalatti ibsametti miidhaa qaamaa fi jechaa, dagannoo, saamicha maallaqaa fi miidhaa gosa hundumaa irraa bilisa ta'uudhaf mirga.

15. Tajaajiloota ykn kaffaltiiwwan keessatti jijjiirraawwanif beeksisa fudhatama qabeessa fi dursaadhaf mirga.

16. Tajaajiloota kutuudhaf sababa kennaa beekudhaaf mirga.

17. Qaamni tajaajila dhiyeessu bifa amansiisaa ta'een jijjiirama tajaajilaa fi maallaqaa taasisuu, dabalataanis, tajaajila kennu addaan kutuuf yoo xiqqaate guyyoota 30 dursee mirgabeeksifamuu, haalawwan kanneen gadiitiin ala:
(i) Tajaajilamaan naamusaa fi dalagaawaliigaltee hojii qaama tajaajila kennuu fi nama dhuunfaa manatti tajaajilicha kennutti faallaa ta'e yookan haala nageenyaummaa hojiifi jeequmsa uumunama tajaajila manatti kennu irratti yoo raawwate;
(ii) Fedhiin deeggarsa tasaa tajaajilaa idilee hin taaneef yookan haalli tajaajilamaa jijjiiramee tajaajila waliigaltee seenameen ol ta'e barbaadu fi tajaajila manaatiin gahuumsaan kanraawwatamuu danda'u yoo hin taane; ykn
(iii) Dhiyeessaan tajaajilaa tajaajila isaa addaan kutuuf yoo xiqqaate guyyoota kudhan dursee beeksisuun akkuma jirutti ta'ee, tajaajila isaatiif kaffaltiin hin kennamneef yoo ta'e.

18. Kennaa tajaajilootaa keessatti ennaa jijjiirran jiraate mirga dabarsa qindeeffamee.

19. Waa'ee tajaajiloota kennamanii, ykn kennamuu dhabanii fi maammilichaaf ykn qabeenya maammilichaatiif dhaba amala gaarii ykn kabajaatiif mirga iyyachuu.

20. Attamitti nama kennaa kunuunsa mana keessaa kan rakkoowwan to'achuudhaf itti gaafatama qabu quunnamuu fi komii ykn iyyannoo kennaan kunuunsa mana keessaa qorachuu fi hiikuu akka yaaluf mirga.

21. Odeeffannoo ykn gargaarsa dabalataatif quunnamuudhaf maqaa fi teessoo mootummaa ykn ejensii konyaa beekuf mirga.

22. Gadoo malee, mirgoota kanneen kana dhuunfadhaan mirkaneessuu ykn bakk bu’aa maammilichaatin ykn eenyumtuu bakka maammilichatti akka mirkaneessu taasisuuf mirga.

WAA'EE KENNAA YKN NAMA TAJAAJILOOTA KUNUUNSA MANA KEESSAA KEESSANII IRRATTI YOO ISIN IYYANNOO QABAATTAN, WAAJJIRA KOMII TAJAAJILA FAYYAA,KUTAA FAYYAA BULCHIINSA MINEESOOTAAF BILBILUU, BARREESSU YKN DAAWWACHUU NI DANDEESSU. AKKASUMAS ISIN WAAJJIRA ABBAGAAR KUNUUNSA YEROO DHEERAA YKN WAAJJIRA ABBAGAAR FAYYAA SAMMUU FI HANQINAWWAN GUDDINA KEESSAA QUUNNAMUU NI DANDEESSU.

Waajjira Iyyannoowwan Tajaajila Fayyaa
(Office of Health Facility Complaints)
Bilbila: (651) 201-4201 ykn 1-800-369-7994
Faaksii: (651) 281-9796
Weebsaayitii:
http://www.health.state.mn.us/divs/fpc/ohfcinfo/contohfc.htm
Imeelii: health.ohfc-complaints@state.mn.us
Sanduuqa Poostaa:
Minnesota Department of Health
Office of Health Facility Complaints
85 East Seventh Place, Suite 300
P.O. Box 64970
St. Paul, Minnesota 55164-0970

Kunuunsa Yeroo Dheeraatiif Abbagaar
(Ombudsman for Long-Term Care)
Bilbila: (651) 431-2555 ykn 1-800-657-3591
Faaksii: (651) 431-7452
Weebsaayitii: http://tinyurl.com/Ombudsman-LTC
Imeelii: mba.ooltc@state.mn.us

Sanduuqa Poostaa:
Home Care Ombudsman
Ombudsman for Long-Term Care
PO Box 64971
St. Paul, MN 55164-0971

Abbagaar Fayyaa Sammuu fi Hanqinawwan Guddina Keessaa
(Ombudsman for Mental Health and Developmental Disabilities)
Bilbila: 651-757-1800 ykn 1-800-657-3506
Faaksii: 651-797-1950 ykn 651-296-1021
Weebsaayitii: http://mn.gov/omhdd/
Imeeliil: ombudsman.mhdd@state.mn.us
Sanduuqa Poostaa:
121 7th Place East
Suite 420 Metro Square Building
St. Paul, Minnesota 55101-2117

Maqaa Abbaa Hayyamaa:_____
Bilbila: _____
Imeelii: _____
Teessoo: _____
Maqaa/Aankii nama Rakkoowwan ykn Iyyannoowwan itti qajeelfamanii:
_____

Kaayyoowwan odeeffannootiif qofaa fi barreeffama Seera Mirgoota Kunuunsa mana keessaa keessatti hin barbaachisu: Seerota MN, kutaa 144A.44

Qaamota Kutaalee 2. **Hiika fi Hojii irra oolcha mirgootaa.** Mirgoonni kun kan hundeeffaman bu'aa maammiloota tajaajilawwan kunuunsa mana keessaa argataniifidha. **Kenniittoonni kunuunsa mana keessaa hundumtuu, kan kutaa 144A.471 jalatti irraa hambifaman dabalatee, kutaa kana hordofuu qabu.** Akkuma haal abbootii hayyamaatiif walfakkaatutti, komiishinarich kutaa kanaa fi barbaachisa mirgoota kunuunsa mana keessaa kennoota kunuunsa mana keessaa seera dhabummaa irraa hambisuudhaf hojii irra ni oolcha. Akka haala tajaajiloota fudhachuutti kennaan kunuunsa mana keessaa tokko maammilich tokko mirgoota kanneen kana kamiyyuu akka gad dhiisu hin gaafatu ykn hin barbaadu ta'a. Ibsi mirgoota kanaa mirgoota fi bilisummaawwan biraa kan silaa maammiloota kunuunsa mana keessaa argachaa jiran, namoota kunuunsa mana keessaa kennaa jiran, ykn kutaawwan 144A.43 hanga 144A.482 jalatti kennoota hayyama argatan ilaalchisee jiru bakka hin bu'u ykn hin hir'isu.

Seera MN, Kutaa 144A.442 **Maammiloota Jireenya Gargaaramee; Cita Tajaajilaa.**

Yoo kennaan tajaajila mana keessaa qophaa'e tyokko, akka kutaa 144D.01, qaamota kutaalee 2a keessatti ibsametti, kan akkanumaanis Medicaredhan hin mirkanoofne waliigaltee tajaajilaa ykn sagantaa maammila jireenya gargaaramee wajjin jiru kute, akka kutaa 144G.01, qaamota kutaalee 3 keessatti ibsametti, kennaan kunuunsa mana keessaa maammila jireenya gargaaramee fi bakka bu'aa maammilaa seeraa ykn muudameef, yoo jiraate, beeksisa barreeffamaa kutiinsaa kan odeeffannoo armaan gadii qabu ni kennaaf:

(1) guyyaa citiinsi hojii irra oolu;

(2) sababa citiinsaa;

(3) yeroo beeksisa citichaa otoo hin dheeressin, citicha irratti haasa'uudhaf tole jedhee maammila jireenya gargaaramee ykn bakka bu'aa maammilaa guyyaa beeksisa citichaatii kaasee guyyaawwan hojii shank an hin caalle keessatti quunnamuu;

(4) akka Seerota Minnesota, kutaa 4668.0050tin barbaadametti; naannoo maammila jireenya gargaaramee kessatti kennoota kunuunsa mana keessaa biraa baay'eedhaaf odeeffannoo quunnamuu;

(5) ibsa kan kennaan dabarsa kunuunsa maammilichaa gara kennaa ykn kennaakunuunsaa biraa qindeeffame keessaatti qooda ni fudhata, akka kutaa 144A.44, qaamota kutaalee 1, keewwata (17); barbaadametti

(6) maqaa fi odeeffannoo quunnamtii bakka bu'aa kennaa kunuunsa mana keessaa kan maammilich wajjin beeksisa citichaa irratti haasa'u;

(7) garagalchii seera mirgoota kunuunsa mana keessaa; fi

(8) ibsi kan beeksifni cita tajaajiloota kenna kunuunsa mana keessaa kennaa kunuunsa mana keessaatin kenname beeksisa cita mana galmaa waliigaltee tajaajilootaa mana itti galanii hundeessa tajaajilootaa hin qabu.